# 14. WAAQI FULA GURBI GUBATUUTI MUSA YAAME.

## Bahiisa 3 & 4

Musani gaafa lafa Misirii keesa baqate nama ganna afurtamaati. Inni lafa haloo keesa ganna afurtama dhibi taae, Zipora ta intala Yethro kha qaalu Midiani fuudhe.

Gaafa toko ato Musani ree sodda isaa gaara fula Sinaiti tissu malaikaani Aabbo Waaqaa wod'aka gurbi keesa aka bobaa ibidaa iti mullate. Musani mukha suni ka bobau ammo ka ingubanne arge iti d'iaate waan mama suni laale. Aabbo Waaqi “Musa! Musa!” jed'e mukha kaani keesaa isa yaame.

Musani waan jed'eeni, “Anini kunooti.”

Jennaani Waaqi waan jed'eeni, “Gadi ind'iaatiini, kobe baafad'u fullaani atini ejitu sunini qulqullo. Anini Waaqa abba keetiti, Waaqa Abrahamuti, ka Isaaqoti, ka Yakobooti. Anini yayu gaargala worra kiyya ka lafa Misiri keesa tau arge, boha worri nama worra hojachiisu iraa bohu d'agaye, d'iba worra kiyya hubad'e. Tanaafi anini amma aka harka worra Misiri keesaa baasufi gadi bue, ammalle aka lafa suni keesaa baase lafa ballo dansa, ta aananifi dammi aka lolaa yau, lafa gosa Kanaani worra geesu. Amma deemi, Faraoti si erga, aka atini worra kiyya, ilmaani Israeli, lafa Misiri keesaa baaftu.”

Jennaani Musani Waaqa laalu sodaate fuula d'ofate, waan Waaq laalu sodaatef. Musani waan Waaqaani jed'e, “Anini woma keesa injiru, akami dandae gara Farao d'aqe ilmaani Israeli lafa Misiri keesaa baasa? Yo gumiin Israeli nati gara galtu ho? Yo anini gara gosa Israeli d'aqe, Waaqi abba keesaniti isaniti na erge jed'eeni, worri na gaafate, Maqaani isaa eenu? naani jed'e, anini duuba eenu jed'aani?”

Waaqi waan Musan jed'e, “ANINI ANUMA.” Wonti atini gosa Israelitini jettu tana: “ka ANUMA jed'aniti gara keesani na erge.” Ammalle Waaqi waan Musani jed'e, “Anini wahela sii taha, aka anini si ergu waan kanaani beeta: eegi atini worra kana lafa Misiri keesaa baafte, isani gaaruma kana irati Waaqa kad'attani.”

Jennaani Waaqi akheekha lama Musaa kenne, akka gumiini Israelii isa dhugeefatu. Aabbo Waaqi “Ule tante lafa buusi” jed'eeni, inni lafa buuse jennaani bofa taate. Jennaani Waaqi waan jed'eeni, “Gadi jed'i, eege qabi, olfuud'i.” Jennaani Musani gadi jed'e qabe olfuunaani deebite ule taate. Ammalle AABBO Waaqi waan jed'eeni, “Harka kanke woya keesaa qoma ira keeyad'i.” Musani akuma suni tolche, yo inni gadi fuud'e, harki ya ch'itae adaate. Waaqi, “Harka kanke qomati deefad'i jed'eeni.” Musani akasi tolche jennaani, yo inni gadi fud'ate, harki kaani fayye akuma nafa isaa kaaniti deebie. Waaqi waan jed'e, “Yo worri si d'ugefachu dide yokhaani akheekha kan lamaani garsiisi akka worri aka anin Waaqa abaabota worra na beekhani.”

Waaqi amalle akka oboleesa Musaa, Haruni isa gula ergu Musaa kakhate. Duuba Musani eeyame lafa Misiriti deebie.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Me irra herregi guyya guddinnaafi qulqulloomi Waaqa si mamsiise? Atin akkam d'ageette?

**ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Akka inni ango ch'ufa qabu, kha wonti ch'ufti harka isa kees jirtu)**
    - Inni boba'a ibidaa kha gurbi gube inhobaamne fakaate iti mullate.
    - Waaqi Musa akheekha jajajaba kenneefi, ule bofaati jijiire, harka isa qomaat'a tolche.
    - Waaqi jabeenna Musafi gumii Israeli ajajuun qaba. Musan inajajameefi.
    - Maqaan isa, "Anin anuma," Waaqi qarqaarsa womaatu himbarbaadu. Inni ufiiti qofa jiraata. Inni waan ch'ufa irra jira.

**Akka Waaqi beekha waan chufa, oduun tunini maanin nuti himti?**

- Inni gaargala gumiin isa lafa Misiiriti kees bahuuti jirtu imbeekhe.
- Akka Musani durdeema dansa ato inni diqaatu beekhe, mana hayuutifi lafa alolle keesati guddise akka isa qopheessu.
- Inni akka gumii Israelii baasu imbeekhe.
- Akka gumiin Israelii gana deebite Gaara Sinai irraati isa guddiftu imbeekhe.

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Akka inni kha d'ugaa, qajeela, abba seera, kha chubbu jibbe, wolaala chubbichaati muru).**
    - Waaqi kara boba'a ibidaatin isaati mullate.
    - Inni waan Musani jed'e, "Hagas irra gadi inhiiqini. Khop'e tante baafad'u maan jenaani fulaan atin ejjatu tunini fula qulqulloo."
    - Maqaan isa, "Anin anuma," inni waan ch'ufa irra jira, ch'ubbuun adda jira.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (jaalalaafi, naasufi, arjooma inni ch'ubbaaleyii qabu).**
    - Inni gaargala gumi isa arge, akka worra baase Lafa Kakhuuti geessu yaadate.
    - Inni Musati dubbate. Ato inni chubbicha teheelle, gaafa isaati mullate woma isa intolchine.
    - Inni chubbicha akka Musa kees bahe hojjate fed'i isa guute.

    - Inni akka gumi Israeli garbumma jala baasu yaadate, akka kakhu isa guute kara worraatin gosa ch'ufa eebisu. Inni akka Musani lafa Misirii keesati du'u infeenne.
    - Inni akka bofi Musaan lafa fuud'e isa hinyaanne qorqorate.

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
    - Inni akka gumi Israeli garbumma jala baasu yaadate, akka kakhu isa guute kara worraatin gosa ch'ufa eebisu. Inni gumiin Israeli lafa Misirii keesati baddu infeenne.
    - Inni waan Musani jed'e, gumiin Israeli gana Gaara Sinaiiti deebite isa guddiftii jed'een.
    - Inni akka Musa waliin jiraatu kakhu galeefi, d'ugeefacha d'abiisa isaalle keesati inni isaa obse.

<u>**Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?**</u>

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**
    - Inni gumi isa ta filatamte qorqorate ammalle yaadate akka worra baase ammalle eebisu.
    - Inni akka worra baase ammalle eebisu yaadate.
- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**
    - Musani khopee ufi baafate isa irra fagaate waan inni qulqulooma argamiisa Waaqa kees jiraatun hinqamneef.
- **Oduun tunini kara kamiini akka nami uf baasu hindandeenne nu garsiifti?**
    - Gumiin Israelii dandeette garbumma jala ufi himbaamne.

<u>**Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)**</u>

- **Akka ilmeen nama kara Waaqa challaani gara Waaqa dhuftu, oddun tunini maanin garsiifti? (Fed'i Waaqatiifi yaada isa gula?)**
    - Karaan tokkochi gumiin Israelii garbumma jala baaten kara Waaqa ch'allaa.
    - Musani akkuma Waaqi ajaje Waaqaa owaate.
- **Oduun tunini kara kamiini akka nami dugeefachaafi araara galiisa male dandae baafama hinarganne garsiifti?**

- Musani yo argamiisa Waaqa kees jiru suni, akka ch'ubbicha ufbeekhe. Fuula ufi d'offate, ammo d'ugeefate araara gale.
- Waaqi d'ugeefacha Musa irra barbaade akka yaamicha Waaqa jaba suni inni ajajamiisan iti owaatu.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malan:</u>**

- Musani qulqullooma Waaqatin wolwoldae jennani jijiirame. Nami arra kara kamiin dandae guutamsaani qulqullooma Waaqa hubachu dandaa? Yo uumama laale? Yo seera Waaqa irra herrege?
- Kara kamiini atin dandeete guddinna Waaqa **maadefata** yokhaan ch'ubbu tante garte **ufdiqeesite waan wold'aqiisa Waaqa kees jiraachufi sirra eegamu guuta?**

- Tunini akka Baasan sii male garsiifti ammalle inni akka atini dandeette araara galtu si tolcha.

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Atin maan tau malte akka qulqullooma Waaqa irra herrede duuba ch'ubbu tante argitu? Waaqi maan si garsiisa? Atin akkam owwaachuu malte?
- Atin gaargala akkasi suni kees bahuuti jirta yokhaan **atin gogogeenna hafuura** kees bahuuti jirta? **Waaqii maanii si qopheesuti jira?**
- **Waan Waaqi iti si yaamuti jiru irra maan d'ugeefata?** Isiin waan jabduu yokhaan waan nama rakkisaati? Waan kan irraati Waaq d'ugeefachuun kanke akkam?